# XIINXALA ERGAA MAMMAAKSA OROMOO DUBARTOOTAAN WALQABATAN: KITAABA GUMBII MAMMAAKSAA IRRATTI KAN XIYYEEFFATE

HAANNAA MALKAA TOLAA

WARAQAA QORANNOO DIGIRII BAACHILAR-AARTII AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI QUUNNAMTIIN GAMISAAN GUUTTACHUUF DHIHAATE

MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKLOORII
KOLLEEJJII NAMOOMAA, QO’ANNOO AFAANOOTAA,
JOORNAALIZIMIIFI QUUNNAMTII
YUUNIVARSIITII FINFINNEE

FULBAANA, 2014(2021)
FINFINNEE, OROMIYAA

# XIINXALA ERGAA MAMMAAKSA OROMOO DUBARTOOTAAN WALQABATAN: KITAABA GUMBII MAMMAAKSAA IRRATTI KAN XIYYEEFFATE

QORATTUUN: HAANNAA MALKAA

GORSAAN: Dr AMAANU’EEL ALAMAAYYOO

WARAQAA QORANNOO DIGIRII BAACHILAR-AARTII AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI QUUNNAMTIIN GAMISAAN GUUTTACHUUF DHIHAATE

MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKLOORII
KOLLEEJJII NAMOOMAA, QO’ANNOO AFAANOOTAA, JOORNAALIZIMIIFI QUUNNAMTII
YUUNIVARSIITII FINFINNEE

FULBAANA, 2014(2021)
FINFINNEE, OROMIYAA

# Galata

Bu’aabayii hedduu keessa nadabarsuun milkaa’ina koo har’aaf sababni jalqabaa uumaakooti. Isaaf galanni ani qabu jechootakoo gabaabaa kanaan kan ibsamu miti.

Itti aansuun nuffii tokko malee yeroo isaanii naaf qooduun akka qorannoon kun milkaa’ina argatu kan gumaacha guddaa naaf ta’an gorsaakoo Dr Amaanu’eel Alamaayyoo galata addaan qabaaf. Dabalataan maatiikoo barnoota koo keessatti wantoota garaagaraa naaf guutuun nacina dhaabbatanii asiin naga’aniif galata guddaan qaba. Akkasumsa namoonni meeshaalee deggersa garaa garaa naaf gumaachuun nacina dhaabattan naaf jiraadhaa umiriin raagaa naaf bulaan isisiniin jechuu barbaada.

## *Axereeraa*

*Hawaasni kamiyyuu afoola mataa isaa qaba. Afoola hawaasa tokkoo keessaa tokko mammaaksa. Mammaaksi haala jiruuf jireenya hawaasa tokkoo ibsuuf bifa addaa addaan mammaakama.*

*Haaluma kanaan haawaasa Oromoo keessattis mammaaksi dhimma dubartootaa ibsan qorannoo kan keessatti seera qorannoon tokko hammachuu danda'u hammachiisuun, boqonnaa afuritti qoqqoodamun, boqonnaa hunda keessatti haala barbaachisan kan ka'an yoo ta'an, malli qorannoo kan keessatti qorattuum dhimmaa itti baate mala akkamtaafi malli fuunaanaa ragaalee qorannichaa sakkatta'a dukimenti yeroo ta'uu maddi odeeffannoo madda ragaa tokkoffaafi lammaffaadha. Kuniis odeeffannoowwaan argaman xiinxaluuf kan ooleedha.*

*Walumaagalatti qorannoon kun bu'aa bayii hedduu qabatus waanti haraan waan argamee itti gammadeera.*

BAAFATA

Qabiyyee Fuula
Galata ....................................................................................................................i

Axereeraa ...............................................................................................................ii

BOQONNAA TOKKO: SEENSA .................................................................................1

1.1. Ariirrata ........................................................................................................1

1.2. Ka'umsa Qorannichaa ...................................................................................1

1.3. Kaayyoo Qorannichaa ...................................................................................2

1.3.1. Kaayyoo Gooroo Qorannichaa ..................................................................2

1.3.2 Kaayyoowwaan Gooree Qorannichaa ..........................................................2

1.4 Faayidaa Qorannichaa .....................................................................................2

1.5. Daangaa Qorannichaa ....................................................................................3

1.6. Hanqina Qorannichaa .....................................................................................3

1.7. Malawwaan Qorannichaa ................................................................................3

1.7.1. Saxaxa Qorannichaa ...................................................................................4

1.7.2. Madda Ragaalee Qorannichaa .....................................................................4

1.7.3. Mala funaansaa Ragaalee Qorannichaa .......................................................4

1.8.1. Iddattoo Qorannichaa ..................................................................................4

1.8.2. Mala Iddatteessuu Qorannichaa....................................................................4

BOQONNAA LAMA;SAKATTAA BARRUU WALFAKKII .........................................5

2.1 Mammaaksa .....................................................................................................5

2.2 Faayidaa Mammaaksaa ....................................................................................6

2.2.1 Tajaajila Miidhagsuu .....................................................................................6

2.2.3. Tajaajila Muuxannoo Ibsuu ..........................................................................7

2.2.4. Mammaaksi Dubbi Gabaabsa .......................................................................7

2.2.5. Dudhaa Kabachisuu .....................................................................................7

2.2.6. Dubbii Fiduufi Dubbii Fixuu ........................................................................8

2.3. Qabiyyee Mammaaksaa ........................................................................................ 8
2.3.1 Amaloota Mammaaksaa ............................................................................... 8
2.3.2. Ummatummaa ............................................................................................. 8
2.3.3 Lufummaa.................................................................................................... 9
2.3.5. Qorannoowwan Hojii kanaan Walitti Dhiyaatan.................................................. 10
BOQONNAA SADII: QAACCESSA RAGAA ..................................................................... 12
HIIKAAFI QAACCESSA RAGAA........................................................................................ 12
3.1. Mammaaksa Gadaantummaa Dubartootaa mul'isan ................................................... 12
3.2. Mammaaksota Amala Dubartootaa Mul'isan ............................................................. 14
3.3 Mammaaksa Cimina Dubartootaa Agarsiisan............................................................... 18
BOQONNAA AFUR: CUUNFAA ,ARAGANNOOFI YABOO ........................................... 26
4.1 CUUNFAA.................................................................................................................. 26
4.2 Argannoo .................................................................................................................. 26
4.3 Yaboo ...................................................................................................................... 26

# BOQONNAA TOKKO: SEENSA

## 1.1.Ariirrata

Mammaksi jiruuf jireenya hawaasa addunyun keessatti bu’a qabeessummaan isaa olaanaadha.

Kan ittii dubbii dheeraa gabaabsuuf mammaakaniidha.Gochaafi hojiilee hawaasaa guyyuu guyyuu keessatti mammaaksi akka mi’eessituutti fayyada. Hawaasni adduunyaas afoolawwaan keesaa baay’naan mammaaksatti dhimma baha. Yaada kana Huseen (2021) yoo ibsu ‘’ mammaksi amalli adda isaa taasisu haala himaatin qinda’uufi iddoo barbaachisaa ta’eetti qofa qabiyyee haasaa sanaa waliin walsimsisuun kana mammaakamuu ta’uu isaatiin’’ jedha.

Dbalataanis Misganuu (2011) yyoo ibsuu’’ Oromoo biraatti mammaksi koobaa dubbiiti jedha. Kanamalees Oromoon dubbii yoo jlqabus ta’ee yoo xumuru mammaaksa ta’uu isaatiin jaalalaaf , Kabaja gooree ogafaaniikun saba kan biraatti qabu dhugoomsa’’ jedha

Uummanni Oromoo mammaaksa dhimmoota gargaraatiif oolcha .Faayidaalee mammaksi keennuu keessaa mursni isaanii yoo ilaalle barsiisuu, gorsuu, sirreessuu dubbii qabaneessuu dabeessa, quuqama ofii iittin ibsachuuf, goota kakaasuu, dabeessa dammaqsuu, ciminaaafi gadantuummaa ibsuu kan mammakamani illee ni jiru.

Mammaaksi afoolawwaan biro irraa kan adda isaa baasu yoomeessa mata isaa qabachuu isaati.Fakkeenyaaf mammaaksi bakka gaddaatti ,gammachhuutti gootaaf mammaakamuufi dabeessaaf mammaakamaniif kkf kaasuun ni danada’ama.Dhimma kana irratti Okuba (1994:59) yoo ibsu ‘’ proverb caubesaidtobe one of most for malque ners of oral letruture they one never ceapeived by one for mula there are no rule aree as to what time of the should be ared’’ jedha yaanni kun mammaksi gosoota afoolaa keessaa ijoo ta’uu isaa ibsa.

Dabalaatanis yaada kana irraa waanti hubannu, mammaaksi bakkaaf yeoo maratti dhimma bahuun akka danda’amu addeessa.

## 1.2. **Ka’umsa Qorannichaa**

Qaama hawaasa addunyaa keessa gartokkeen dubartoota.Hawaasa kessatti dubartoonni gahee guddaa taphatu.Tajaajilli hawaasa faana walqabau kamtuu dubartootaan ala kan bahu miti. Kanumaan kan walqabatu mammaaksi aadaa Oromoo keessatti karaa baay’ee dhaan dhimma dubartootaan walqabata.

Mmammaaksoonni dhimma dubartootaan walqabatan kuniin ciimaaniif tuffii dubartootaaf qabaniif kkf ibsuuf dhimma kan itti bahaamaniidha.Haalli qabatamaan tureef aadaan biyyoota addunyaa kanaa baay'een isaanii dubartoota hawaasa keessatti dhiiraan gadiitti ilaalamaaf tuffatamaa akka turtatu beekama. Kanaaf tuffii isaanii ittiin ibasuuf dhimma kana faana mammaakama.

Gama biraatiin dubartoonni hawaasa keessatti ga'ee eenyuu faana qixee akka qabani ibsuuf kan mammakamaan illee jiru.Aadaa Oromoo keessatti mammaksi dubartootaan walqabatu ergaa maalii akka dabarsuu baruun eenyuummaa dubartootaa baruudha.Kuniis Oromoon dubartootaa akkamiin akka ilaalaa ture gaaffii jedhuuf deebii ta'uu waan danada'auuf, Qoraatuuni kana sababa godhattee mammaaksota hawaasa Oromoo irraa funanamaanii maxxanffaman keessa kan dhimma dubartootaan walqabatan irratti akka qorannoo gaeggeessituf ishee kakaase.

Qorannoon kun yeroo xumuramu gaaffilee armaan gadiif deebii kenna jedhamee eegama.

1. Mammaaksi dhimma dubartootaaf irratti mammaakaman maal fa'a ta'uu laata?
2. Dhimma dubartootaan kan walqabatan mammaaksoonni ergaa akkamii dabarsuu?
3. Yoomeessa akkamii qaba laata?

### 1.3. Kaayyoo Qorannichaa

Qorannoon kun kaayyoo lama qaba .Isaaniis Kaayyoo gooroof Kaayyoo gooreeti.

#### 1.3.1. Kaayyoo Gooroo Qorannichaa

Kaayyoon gooroo qorannichaa ergaa mammaaksa dhimmaa dubartootaan walqabataan xiinxalluudha.

#### 1.3.2 Kaayyoowwaan Gooree Qorannichaa

1. Ergaa mammaaksa tuffi dubartoota mul'isan ibsuu.
2. Ergaa mammaaks cimiina dubartaa mul'isan xiinxaluu.
3. Mammaaksonni kun yoomeessa akkamiitti keesatti akkka mammaakaman ibsuu

### 1.4 Faayidaa Qorannichaa

Qorannoon kun kan baarbaachiiseef hawwaasa Oromoo keessatti dubartoota ibsuuf mammaaksonni akka mammaakamaa turan namoonni adda baasaanii akka hubataniif akkasumas, namoonni gara fuulduratti dhimmooa mata duree kanaan waliitti dhiyyeenya qabu gaggeessuu baarbaadaniif kka madda odeeffannoottu gargaara jedhamaee waan

yaadamuuf dhuma iraatt qorannoo kun ergaa xumurameen booda qaamoota armaan gadiif bu’aa buusua jehamee abdatama.

A. Hawaasa Oromoo keessatti dubarttoonni maal akka ta’an namoota barsiisuuf kaallatti agarsiisa.
B. Hawaasa Oromoo sadarkaa adda addaa irraa jiruuf mammaaksonni Oromoo dhimmota dubartoota faana hindhata qaban akka beekan hubannoo kenna.
C. Namoota gara fuulduratti dhimmoota takka naanawa fakkaatu irratti qorannoo gaggeessuu akka ka’umsaatti ni gargaara’

1.5. **Daangaa Qorannichaa**

Qorannoon kun kan adeemsifamu kitaaba Gumbii mammaaksaa jedhu kan bara 2012 ALA maxanfamee irratti yoo ta’uu mata dureen isaa’’ Xiinxala Ergaa mammaaksa Oromoo dubartootaan walqabatan: Kitaaba Gumbii maammaaksa keessatti ‘’ jedhu. Haala dubbii dhiyaatee kan irratti hundaa’uudhaan dhimmootni bay’ee qoraatamuu danda’amu. Gosoota afoolaa hunda yookaan dhimmoora ta biroo mammaaksan faarsaani irratti utu qoratamee bu’aa qabeessa ture Haata’uu malee m kana raawwaachuuf ammo, humnaafi baasii guddaa gaafachuu dnada’a . Kana irraan ka’uun qoratuun xiyyeeffannoo qorannoo ishee erga mammaaksa Oromoo dubartootaaan walqabatan kan ciminaafi tuffii isaanii mul’isu irratti xiyyeetteeti.

**1.6. Hanqina Qorannichaa**

Hojii tokko yeroo geggeessan wantoonni danqaa ta'an jiraachuu danda'u.Haaluma kanaan qorattuunis qorannoo kana geggeessuu keessatti wantoonni garaagaraa danqaa ta'aa turaniiru. Isaankeessaa dhabamuun meesshaalee deggersaa kanneen akka;kitaabilee wabii, madda odeeffannoo argachuuf maallaqa dhabuu akkasumas gabaabbachuun yeroo hanqinoota gurguddoo qorannichaa yoo ta'an qorattuun namoota deggersa gochuufii danda'an irraa bifa ergisaatiif bittaan hanqinoota meeshaalee deggersaa ishee mudataniif fala barbaaduun akkasumas hanqinoota yeroon ishee mudataniif yeroo boqonnaa ishee irraa qorannichaaf qooduun qorannicha fiixaan baasuu dandeesseetti.

**1.7. Malawwaan Qorannichaa**

Malli qorannooqorannoo kana geggeessuuf mala qorattuun malleen qorannaa isheeef mijatu keessaa kan mijatu filachuun dhimma itti baateedha.

### 1.7.1. Saxaxa Qorannichaa

Yeroo ammaa kana ktaabonni mammaaksaa afaan Oromoottiin barreeffamani jiran hedduutu jira. Qorattuunis kitaabota mammaaksa a jiran keessa kitaaba ‘’ Gumbii mammaaksaa jedhu filachuun ergaa mammaaksa dubartootaan walqabtaan xiinxalti

Gosa qorannoo akkamtaatti dhimmaa baatee qorannicha gaggeessuuf jirti. Sababi isaas, odeeffannoon kitaabicharraa argame ku jechaan ibsame waan ta’eefiidha.Yaada kan Adudnyaa (2019:63) yoom ibsu’’ qorannoon tokko haala ibsuurratti xiyyeeffate yoo ta’ee saxaxani isaa ibsaadha. Kani ibsamus odeeffannoon jedhaan argamuan irraatti hunda’ee yoo ta’ee saxaxani isaas akkamtaa ta’a jedha.

### 1.7.2. Madda Ragaalee Qorannichaa

Maddi ragaalee qorattuun qorannoo kan gaggeessuus dhimma iti baate madda raga tokkoffaatti. Innis Kitaaba ‘’ Gumbii mammaaksaa’’ jedhuudha.

### 1.7.3. Mala funaansaa Ragaalee Qorannichaa

Qorannoo tokko gaggeessuuf malli ragaalee yookaan odeeffannoon itti sassaabamu fi lachuun barbaachisaadha. Kanaafuu tooftaan inni itti dhima bahame tooftaa funanaansa ragaalee jiran keesaa sakatta’a barruutti.Mallii ragaamn ittin funaaname ragaalee barreeffamaan jiran itti dha’eenyaan dubbisuu

## 1.8. Iddatoofi Mala Iddateessuu Qorannichaa

### 1.8.1. Iddattoo Qorannichaa

Iddattoon qaama qorannichii irratti adeemsifamuu mara keessa odeeffannoo kennuuf kanneen filatemaniidhaKanaafuu iddattoon qorannoo kanaa kitaaba ‘’Gumbii mammaakasaa’’ kan jedhu 2012 Ala Kan maxanfameedha.

### 1.8.2. Mala Iddatteessuu Qorannichaa

Malli iddatteessuu tooftaa ittiin iddattoo jaamaa keessa qorannoo fi filatamuu dha.Kanaafuu qorannoo kan adeemsisuuf malli qorattuun dhimma itti baate mala iddeessuu miti carraati.

# BOQONNAA LAMA;SAKATTAA BARRUU WALFAKKII

## 2.1 Mammaaksa

Mammaaksi dame afoolaa keessaa isa tokkoodha. Akkuma dameewan afoolaa kaawwanii afaaniin dhalootarraa dhlootatti darbaa kan as gaheedha. Hiikni hayyoonni garagaraa mammaaksaf kennan armaan gaditti ilaaluun nidanda‟ama. Kunis mammaaksa kallatti garagaraatiin hubachuuf hiika hayyoota garagaraatiin kennaame walbira qabuun ilaaluuf gargaara. Hiikawwan mammaaksaa beektonni adda addaa yeroo garagaraatti kennaa turan keessaa muraasa isaani akka asiin gaditti yaa ilaallu. Mieder, wolfgang (1997:136) yemmuu mammaaksa ibsu, "Proverbs are small piece of human wisdom that have been transferred one jeneration to the other and valid even in our modern technological age." Yaada hayyuu kana irraa wanti hubannu mammaaksi ogummaa xiqqaa dhala namaa kan afaaniin dhaloota irraa dhalootatti darbaa tureefi bara teeknoloojii haaraa ammayyaa keessa jirru keessatti kan fudhatama qabuu ta'uu isaa hubachiisa. Kana malees afoolli kan yeroo darbee qofa osoo hin ta'in gara fuula duraatiif illee kan tajaajilu ta'uu isaa mul'isa. Akkasumas, Encycolopedia America (1995:150) waa'ee mammaaksaa yoo ibsu, "Proverb is a simmple and concret statement popularly known rpeated,that expresses a truth based on common sense or experiences." Yaada kana iraa wanti hubannu, mammaaksi dubbii gabaabaa waan daawwatamaa jiruufi mul'atu akkasumas muuxannoo jiruu irratti hundaa'uudhaan dhugaa fudhatama ta'e kan ibsu ta'uu isaa hubanna.

Gama biraatiin, mammaaksi afaaniin dhaloota irraa dhalootatti haadarbu malee, qabiyyee dhaabbataa kan qabuufi haalawwan qabatamoo keessati hiikaafi ergaa adda addaa dabarsuuf kan mammaakamuudha. Mammaaksaaf hiika murtaawaa tokko qofa kennuun rakkisaa akka ta‟e hayyoonni ni dubbatu. Finnegan (1970:393), hiikni mammaaksaa salphaa akka hintaane yoo ibsitu, “The exact definition of proverb is no easy matter. There is however some general agreement as to what constitutes a proverb. It is saying in more or less fixed marked by d the popular acceptance of the truth tersely expressed in its." jetti. Yaanni hayyuu tanaa hiika murtaawaa ta‟e tokko mammaaksasaf kennuun rakkisaa ta‟uu addeessa. Haata‟uu malee yaanni irratti waligalamu akka jiru nidubbatti. Kunis mammaaksi jechoota filatamoo, gaggabaabboo fi midhagoon caasaa gabaabaa keessatti dhimma bahuun dhaamsa dhugaa qabeessa karaa hawataa fi jaalatamaa ta‟een dabarsuu ibsitee jirti. Finnigaan (1970:393 ) “Proverb is a saying in more or less fixed form marked by shortness, sense and salt and distinguished by popular truth tersely expressed in it". Hiika isheen mammaaksaaf kennite kanarraa mammaaksi jecha gabaabaa fi mi‟aawaa ta‟een dhaamsa akka waligalaatti dhugaa

taʻʻe kan dabarsu taʻʻuu isaa hubatama. Mammaaksi jechoota fitalamaafi gaggabaabatti dhimma bahuun ergaa dachaa fi gadifagoo dabarsuun beekama. Kun ammo jaalatamaa akka taʻʻuufi sammuu namaa keessatti yeroo baayʻʻee osoo hin dagatamin akka turu taasiseera.

Dabalataan, mammaaksa ilaalchise Abraham ( 1968:119) yemmu ibsu, "Proverbs are short ready made sententious statement of common truth constituted from life experience and used in retorical or conversational situations of formal or informal, evenets" jedha. Yaanni hayyuu kanaatis, mammaaksi jecha gabaabaafi bareedaan, dandeetti yaada namaa jjiiruu akka qabu ni hubachisa.

## 2.2 Faayidaa Mammaaksaa

Faayidaa mammaaksaa ilaalchisee hayyoonni gara garaa yaada gara garaa kennanii jiru. Haaluma kanaan, (Addunyaa, 2014) akka armaan gadiitti kaa'a:

> *Mammaaksi akkuma akaakuu afoola kaneen biroo dhalootaa dhalootatti afaaniin darba. Mammaaksaan dubbii eegalanii isumaan dubbii golabu; mammaaksaan dubbii fidanii isumaan dubbii fixu. Mammaaksi koobaa dubbiiti kan jedhamus kanumaaf. Ergaa dabarsuu barbaadameen walsimsiisuun dhimma itti ba'uuf beekumsa gaafata. Namni aadaafi eenyuummaan hawaasaa hin galleef, mammaakullee ni akkeessa malee qabiyyeen walsimsiisuu hin danda'u'* jedha. Akka yaada hayyuu kanaatti, Mammaaksi jireenya hawaasaa waliin kan walitti hidhata qabuufi ummannis waan jireenya isaa keessatti isa qunnanname gadda, gammachuu, jaalaala, jibbaafi taʻʻiiwwan gara garaa kan ittiin ibsatuudha. Akka waligalaatti mammaaksi hunda galeessa waan 19 taʻʻeef faayidaan inni qabus hedduudha. Armaan gaditti faayidaawwan mammaaksaa kan beektonni gara garaa kaaʻʻan keessaa isaan gurguddoo ilaalla.

### 2.2.1 Tajaajila Miidhagsuu

Mammaaksi haasaa (dubbii) bareecha. Namoonni haasaa afaaniin taasisan keessatti mammaaksa ni fayyadamu. Kun immoo akka dhaggeefataan hin nuffine taasisa. Kan malees dubbiin miidhagina akka qabaatu, hawwataa taʻʻuufi wanti dubbatamu sun sammuu dhaggeeffataa keessatti akka fakkii uumuu taasiisa. Kanaafuu mammaaksi koobaa dubbiiti jedhu. Sahilu ( 1996:59) yemmu ibsu, " The use of mammaaksa not only serves the purpose of allining clarity of meaning but at the some time aesthetic purpose is achieved." jedha . Yaanni kunis mammaaksi dubbiin tokko bifa ifa ta'eefi fudhatama akka qabaatu taasisu irra darbe haasaan taasiisamu sunis miidhagina akka qabaatuufi hawwataa ta'u taasiisuu isaa ibsa.

### 2.2.3. Tajaajila Muuxannoo Ibsuu

Umanni biyya tokko yookaan naannoo tokko keessa jiraatu muuxannoowwan haala qabatama jiruufi jireenya gaddaafi gammachuu baroota dheeraa keessatti dabarsan ibsachuuf mammaaksatti fayyadamu. Hubannoofi ilaalchi ummataa kunis haala jiruu fi jireenya qabatamaa ummatichi argee fi jireenya sana itti hiikkatu irratti kan hundaa'uudha. Fakkeenyaaf, ummanni jireenya isaa keessatti barrii rakkoo ykn gadadoo yoo mudate, walitti bu‟iinsi garagaraa yoo jiraate rakkoo sirna biyyattiin ittiin bultu waliin walqabatee uumamuu fi kan biraatis muuxannoo gara garaa jireenya dabarse keessatti arge dhaloota boruutiif kan ittiin dabrsuudha. Yaada armaan olitti ibsame kana Meider (1997:89) akkannati ibsa, "Provreb are the oldest collection in the histry of human kind" jedha. Yaanni isaa kuni, mammaaksi seenaa hawaasaa durii waliin hidhata akka qabuufi kuusaa waan durii akka ta'e ibsa.

### 2.2.4. Mammaaksi Dubbi Gabaabsa

Mammaaksi jalqaba jidduufi xumura haasaa irratti dhimma itti bahama. Kana malees, muuxannoo ummataa kanneen dhugaa ta‟anii fi dhugaatti fakkeeffaman yaada bal‟aa ta‟ee dhiyaatu gabaabsanii fi cunfani kaa‟uuf itti fayyadamu. Haaluma walfakkaatuun Miruka, (1994:47) faaydaa mammaaksaa akka ibsetti, “A proverb is aterse compact, pitny statement of popular wisdom accepted as an expression of truth" jechuudhaan ibsa.

Kanaafuu faayidaalee mammaaksaa keessaa inni tokko yaada bal'aa ta'e tokkoo himoota gaggabaabotti fayyadamuun yaada cuunfame ykn walitti qabame karaa salphaa ta'ee fi hubatamuu danda‟uun dabarsuudha. Seenessonni baay‟een isaani mammaaksaan ergaa qaban himoota gaggabaabootiin walitti qabani kaa‟uudhaan akka xumuran dubbata.

### 2.2.5. Dudhaa Kabachisuu

Mammaaksi hawaasni tokko safuu, aadaa fi duudhaa isaa kan ittiin kabachiifatuufi ittiin walsirreessuudha. Kanaafuu, mammaaksi meeshaa ittiin ummanni tokko walgorse, jajjabeesse, akeekkachiisee, qeeqeefi ifate haasaa bira qabuun dubbatee gara aadaa, safuufi duudhaa qabutti waldeebisuuf walkabachiisuudha. Fakkeenyaaf mammaaksa, "Afaan gaariin afaa gaarii caala" jedhu, keessatti gaarii (waan tolu) dubbachuun kan hunda caalu ta‟uu ibsa. Kunis, hawaasa biratti waan gaarii dubbachuu fi hojjechuun fudhatama qabaachuu; yaraa hojjechuun immoo bayeessa akka hin taane ibsa.

### 2.2.6. Dubbii Fiduufi Dubbii Fixuu

Mammaaksi haalaa fi yeroo dubbatamu keessatti dhimma garagaraatiif oola. Kunis dubbii tokko jalqbuuf ykn xumuruuf mammaaksatti dhimma bahuu dandeenya. Dhimma kana ilaalchise Finnegan, (1970:339) akkas jechuun ibsiti, "Society in which there is marked latent conflict or in which there is aparticular need to regulate formalized conflict, that proverb by play an especially large part." Yaanni hayyuu tana irraa hubannuu ummata keessatti walitti bu‛iinsi cimaan haala garagaraatin yoo uumame fakkeenyaaf, rakkoo yeroo dheeraa hawaasa keessatti ture ykn fedhii garagaraatiin yoo walitti bu’an, walitti bu’iinsa kana gabaabsani haala salphaa ta‛een hiikuuf mammaaksi shoora guddaa taphata. Gabaabumatti, walitti bu‛iinsi ummata keessa ture karaa gabaabaaa ta’een hiikuuf ykn gabaabsani furmaata laachuuf mamaaksi gahee guddaa taphata. Fakkeenyaaf, mammaaksi Oromoo “mammaaksi dubbi fixas ,dubbi fidas jedhu yaada Finnegan kana deeggara.

### 2.3. Qabiyyee Mammaaksaa

Mammaaksi afaaniin dhalootarraa dhalootatti haadarbu malee qabiyyee dhaabbataa kan qabuufi haalawwan qabatamoo keessstti ergaa adda addaa dabarsuuf kan mammaakamuu dha. Dhimma kana ilaalchistee, Finnegan ( 1970:399) yoo ibsitu "Traditional oral forms especially proverbs and sayings are more rewarding and for more reliable, since they are the product of deep and refined thinking" jetti.

Yaanni kun mammaaksi afaaniin dhalootarraa dhalootatti darbaa kan dhufe ta‛uuyyuu qabiyyee mata isaa kan qabuufi haalawwan qabatamoo keessatti mammaa kama malee akkanumaan kan mammaakamu miti. Egaa mammaaksi mammaakamu tokko waan dhimma dubbatamu waliin walqabatu ta’u qaba. Kana jechuun qabiyeen mammaaksichaa fi dhimmi irratti mammaaksi mammaakamu sun walitti dufeenya qabaachuu qaba. Mamaaksi waamalee hin mammaakamu kan jedhamuuf kanaaf fakkaata.

### 2.3.1 Amaloota Mammaaksaa

Mammaaksi damee ogafaanii keessaa isa tokko ta‛ee amala ittiin beekamu heeddu qaba. Amaloota mammaaksaa keessaa muraasni isaani kan armaan gaditii:

### 2.3.2. Ummatummaa

Amala Mammaaksaa keessaa ummatummaan isa tokko yoo ta’u abbummaan yookiin qabeenyummaan isaa kan ummataati. Kanaafuu yaada bal’aa ta’e tokko himaa gabaabaa fi hawwataa ta‛an yoomessa murtaawaa keessatti dhimmoota dhugummaa qaban kan dhiyeessuudha. (Tafarii Kumsaa,2001) Yaada kana irraa wanti hubatamu, dhimmoonnii dhugummaa qaban kun ammoo kan uummataati. Uummanni dhimma isaani mammaaku.

Mammaaksi dubbii isaanii keessaa hin dhibu. Mi'eessitu dubbii isaaniti. Ergaan mammaaksi isaanii qabeenya isaaniti. Abbaan mammksaa uummatuma itti fayyadamu sana kan jedhameefis kanumaaf.

### 2.3.3 Lufummaa

Mammaaksi kan jaarraa yookiin bara murtaa’e keessatti qofa fayyadee kan dhaabbatu osoo hin taane dhalootarraa dhalootatti kan darbaa turee fi ammas kan darbaa jiruudha. Gaaddisaa Birruu (1991) Yaani hayyuu kanaa mammaaksi kan bara durii yookaan jaarraa darbe keessatti qofa mammaakame kan dhaabbatu osoo hin taane amala dhaloota durii irra gara dhaloota ammaatti barreeffamaan osoo hin taane afaaniin dhaloonni walharkaa fudhachaa kan as gahe ta‟u isaa agarsiisa. Mammaaksi amala lufummaa qaba kan jedhameefis dhaloonni bara tokko keessa jiru itti fayyadame yookiin mammaakee kan dhaababatu osoo hin taane labata tokko irraa gara biraatti kan darbu ta‟uu isaa agarsiisa.

### 2.3.4 Yoomessa

Gosoota afoolaa kanneen biroo irraa mammaaksa wantoota adda godhan keessaa tokko yoomessa kamuu keessatti dhimma itti bahuuf mijaawaa ta’uu isaati. Kana jechuun mammaaksi haalawa qabatamaa keessttii akka dhimma itti bahamu agarsisuudhaaf. Mammaaksi dhimmaafi yeroo barbaachisaa keessatti kana itti fayyadamaniidha. Fakkeenyaaf, bakka jaarsummaan gaggeeffamuyyi, bakka cidhaatti, bakka gaddaatti,bakka gammachuun jiruufi kan kana fakkaatan irratti nimammaakama. mammaaksatti dhimma bahuuf wanti nama daangessuu kan hin jirre ta’uu isaatiifi bakka mammaaksi barbaachisu hundatti dhimma itti bahuun kan danda‟amu ta’uu isaa hubanna. Sahilun (2002:43) haala mammaaksi ittiin dhiyaatu ilaalchise yemmuu ibsu, "The performance of proverb is not restricted by time and place ,” jedha. Yaada kanarraa wanti hubannu faayidaan mammaaksaa yeroo fi bakkaan kan daanga‟e miti. Yeruma barbaadan dhimma itti ba'uu danda'u. Kana jechuun dhimmi mammaaksi itti mammaakamu yoo jiraate mammaaksatti dhimma bahuun akka danda’amu addeessa. Ben Amos (1975:192) “While story telling and riddles have definite temporal and spatial features, the time space proverb saying is situational” jedha. Hayyuun kunis, durdurii fi hibboon yoomessa murtaawaa keessatti yoo himaman, yoomessi mammaaksaa garuu haalawa akka ta’e dubbata. Kana Jechuun osoo hibboo fudhanne, yoomessi isa daanga‟aa yookiin murtaawaa kan ta’eefi hibboon galgala galgala abidda marsani taa‟uun taphatama. Mammaaksi immoo haalawa kan jedhameef bakka barbaachisaa ta‟etti yookiin bakka dhimmi jiru hundatti itti fayyadamuun akka danda‟amu ibsa.

Walumaagalatti, mammaaksi amaloota ittiin beekamu qabaachuun isaa dameewwan afoolaa kaan irraa adda isa godha. Gama biraatiin mammaaksi sagalee walfakkaatuun jalqabamuu isaatii kun immoo mammaakamuuf mijaawaafi salphaa akka ta‟u taasisa. Fakkeenyaaf, "hammaaranis, hammaatanis inuma dhumata" Inni biro mammaaksi sagalee walfakkaatuun xumuramuun isaas ni mul‟ata. Amalli kun mammaaksi sun akka rukuttaa manaa qabaatu taasisa. Kun ta‟uun isaa mammaaksi mammaakamu sun salphaatti akka jedhamuu fi sammuu namaa keessaa akka hin banne ni taasisa. Fakkeenyaaf, “Takka wallaaluun namummaa lama wallaaluun gadhummaa” Mammaaksa kana keessatti jechoonni namummaa fi gadhummaa jedhan sagalee walfakkaatuun golobaman.

**2.3.5. Qorannoowwan Hojii kanaan Walitti Dhiyaatan**

Namoonni garagaraa mata duree qorannoo kanaan waliin walitti dhufeenya qaban irratti hojjatan nijiru. Fakkeenyaaf qorataan Malkaamuu (2007). mata duree "Dubartoota Mammaaksa Oromoo keessatti" jedhu irratti kan qorannoo gaggeesse yoo ta'u, qorannoo kana irraa wanti adda taasise, mammaaksota gadaantummaa dubartootaa irratti xiyyeeffachuu isaati. Qorataan biroo Tadesse (2004) mata duree "Social Function of Oromo proverbs" kan jedhu irratti qorannoo kan gaggeese yoo ta'u qorannoo kana irraa wanti adda godhu, mammaaksota hunda galeessa ta'n ergaafi mata duree adda addaa irratti mammaakaman irrati xiyyeeffata. Qorataan kun faayidaa mammaaksi hawaasaaf qabu irratti kan xiyyeeffatuufi cimina dubartootaa kan hin kaasne yammuu ta'u, qorannoon kun garuu mammaaksota dhimma dubartootaan walqabatan kitaaba mammaaksaa ‘’Gumbii mammaaksaa’’ jedhamu keessatti argaman xiinxaluu irratti kan xiyyeeffateedha. Dubartootaa ibsan gadii fageenyaan qaaccessuurratti waan xiyyeeffatuuf adda. Kallattiidhaan kan dhimma kana ilaalee hinjiru mata dureen biraan qorannaa kana waliin walitti dhiyaatu kan qorattuu YewahinXaji(2008) mata duree ‘’Qabiyyee mammaaksota Orommoo cimina dubartootaa Agarsiisan’’ jedhu sadarkaa barnootaa digirii lammaafaa guuttachuuf Yuunivarsitii Finfinneef muummee afaan Oromoof kan dhiyaatedha.

Qorannoon ishee kun sadarka barnoota Digiriilammaffa(MA)guuttachuufi kandhiyatee yoota’u boqonnaashanitti qoqooduunkan dhiyeessiteedha .Qorannoon kun ammo boqonaaa furitti qoqoodamuun kandhiyate yoota’u digiriiduraa guutachufi kandhiyatedha.

Qorataabiraan Calaa Gamtaa (2003) mataaduree mammaaksa Orommoo tuffii agarsiisan’’ kanqarate yoota’u qorannoon kuni sadarkaabarnotaa Digiriiduraa gutachuuf yunveristiifinfinnee mummee afaan Orommoof kandhiyateedha.

Tokkumman inni qoranoo kana waliin qabu:

- Qorannoon kun lamanugudinafidagaaginaaOgbaruufnioolu
- Qabiyeemammaksaaibsuuwaliinqoddatugaraagarummaaisaani
- Dangaairrattiiqotamaninaddaaaddaa
- Baraan: qorannooni Caalaa (2003) kan hojjetamee yoota'u qorannoon kun ammo baraa(2013) kanhojetamee dha. Kanaaf bara itti qoratamaniIn gargarba'u.

Walumaagalatti qorannoon barruu walfakkii qorannoo kanaandura hojetaaman walittidhiyeeny aqorannoo kannaan qaban bira qabuun ilaaluun ciminaa fihanqina qorannoo ofii baruuf gargaara.

BOQONNAA SADII: QAACCESSA RAGAAHIIKAAFI QAACCESSA RAGAA

Bakki kun bakka itti qorannoon odeeffannoo guurrachuun itti xiinxalameedha. Haaluma kanaan mata duree qorannaa mammaaksa dhimma dubarttootaa ibsu kitaaba Gumbii mammaaksaa jedhu keessa jiran qorattuu nakka itti aanutti niqaaccessiti.

**3.1**. **Mammaaksa Gadaantummaa Dubartootaa mul'isan**

Mammaaksi hawaasa Oromoo keessatti wantoota hedduu ibsuf oola. Wantoota kanashawaasni kun kan itti tajaajilamuuf ofumaa caljedhee osoo hintaanee, sababoota garaa garaa niqabaata. Haaluma kanaan hawaasa keessatti mammaksonni Oromoon gadaan tummaa dubartootaa ibsuuf mammakan kanneen kitaaba Gumbii kana keessatti argaman nijiru.

**Dubartiin Keessummaa hinqabdu**

**Fuula. 18**

Dubartiin keessummaa hinqabdu jechuun ergaa lama kan ofkeessaa qabuudha. Isaaniis yaada yoomiifi eessatti jedhuudha. Sababiin isaa keessummaa yeroo dhaqaniif I bakka dhaqanii kan ofkeessaa qabuudha.

Keessummaan bakka jireenya ofii irraa fagaatanii bakka biraa yookaan mana namaa deemuudha. Keessummaan aadaa Oromoo keessatti kabaja olaanaa kan qabuudha. Kanaaf keessummaan mana namaa dhufe kan inni nyaatuufi dhugu kan duraan warri manaa qopheeffataniin olta'a

Mammaaksa kana keessatti garuu dubartiin keessummammaa akka hinqabnetti kaasuun isaa kabajni keessummoota biroof kennamu dubartootaaf kan hin kennamne ta'uu isaa kan ibsuudha. Kun immoo dubartoota dhiiraa gadi godhanii yaaduu irraan kan ka'eedha.

**Baranni kan nuugiiti jetti jaartiin sanyii fixxee**

**Fuula.7**

Mammaaksa kana keessatti nuugiin gosa sanyii midhaaniiti. Nuugiin midhaan kan ergaa facaasanii booda gara dhumaatti facaafama. Askeessatti jaartiin sanyii midhaanii kanneen dursanii barbaadaman waan fixxeef midhaan gara booddee nuugii qofa facaasuutu akka malu mala dhahuu ishee yoota'u, kun ammo kan agarsiisu, dubartiin sanyii kaawwachuu daddhabuu isheeti. Aadaa Oromoo keessatti sanyiin kabaja qaba. Abbaa manaa duuba hinqabatamu. Dubartoonni abbaa warraa isaanii duuba sanyii tuquun qaaniidha waan ta'eef

baay’isanii of eeggatu. Mammaaksa kana keessatti garuu sanyiin dhumee sanyiin ammaaf jiru nuugii qofaa akka ta’e agarsiisa waan ta’eef kun immoo, dadhabin dubartoonni qusannaa irratti qaban kan agarsiisuudha.

- **Barri bade jennaan dubartiin dhirsa dursa rafte jedhan**

**Fuula.7**

Mammaaksi kun kan agarsiisu akka seeraaf safuu hawaasni mammaaksichatti dhimma bahuutti dubartiin dhirsa dursitee rafuun waan hoodaati yookaan waan seeraa miti. Kan dursee rafuu qabu dhiira. Akka ergaa mammaaksa kanaatti garuu dubartiitu dhiira dursee rafa. Kun immoo seera waan hintaanef yeroon akkasii hawaasichi barri badeera jedhee waama.

Gama biraan immoo vdhimma mammaaksi kun dabarsuu barbaade, dhirsaafi niitii gidduu hariiroon jiru dubartiin utuu abbaan warraa shee hin rafin rafuun seermalee akka ta’eefi yoo kan ta’u ta’e immoo barri kan duraan irraa maqee waan jiruuf gaarii miti y jedhu kan ofkeessaa qabuudha. Kun immoo ilaalcha namoonni dubartiin akka gadaantmmaatti akka ilaalamtu qaban irraa kan maddeedha.

Walumaa galatti akka mammaaksa olii kanaatti waanti hubatamu, waliinjireenya abbaa warraafi haadha warraa gidduu jiru keessatti abbaan warraa haadha warraa isaa irratti olaantumma agarsiisee akka jiraatuuf, haati warraa immoo hacuucamtee akka jiraattu kan agarsiisu waan ta’eef, dhimma gadaantummaa dubartootaa kanneen mul’isaniidha jechuu dandeenya.

- **Ayyaana waggaan dhufe boosettiin najala bu’e jetti**

**Fuula.6**

Boosettiin kan jiruun hintolleef kan hojiin harkaa hin miidhagneedha. Jechi boosettii jedhu kun seera afaanichaatti dubartoota qofaaf kan tajaajiluudha. Kanaaf haala mammaaksa kana keessaa hubatamuun dubartoonni waan yeroo dheeraatti yaadanii qopheessuun danda’amu tokko, yeroo isaa wallaaluus ta’e, tattaaffii gochuu dhabuudhaan gaafa inni bira ga’u nahanii akka waan reefuu dhufaa jiruutti yaaduu isaannii kan agarsiisuudha.

Kun ammo kan agarsiisu dadhabin dubartoonni fuulduratti yaaduu dadhabuudhaan mudataman kan agarsiisu waan ta’eef gadaantumma dubartootaa mul’isa jechuu dandeenye.

- **Amaatii Salphoo daakuutti waamu.**

**Fuula. 7**

Amaatiin haadha intala eerumtee dhirsa isheef kan jedhamuudha. Amaatiin kabaja guddaa kan qabduudha. Waa'een amaatii kaanaan wa'een soddaa dirqama waliin kun immoo lamaan isaanii maqaa kabajaa gaa'ela booda argamuudha. Keessummattuu soddaafi amaatiin kabajafi jaalala guddaa waliin qabaatu. Daakuun immoo waan rakkina cimaaf godhamu kan namoonni kabaja qaban hojjetan miti.

Garuu mammaaksa kanaatti amaatii salphoo daakuutti akka waaman kan agarsiisuudha. Kun ammoo dubartoonni kabaja dhiisanii waanti salphinaa illee akka ittiin jedhamu kan ifoomsuudha.

Yaada olii kanarraa ammo waanti hubatamu, dubartoonni yeroo tokkotokko kabaja maluuf irrraa maquun salphinan akka wamaman ta'uu isaa hubachiisa.

**3.2. Mammaaksota Amala Dubartootaa Mul'isan**

Maammaaksonni amala waantokkoo mul'isuuf ni mammaakamu. Haaluma kanaaf kanneen amala dubartootaa mul'isuuf mammaakaman nijiru.

**Haati hattuun intala hin amantu.**

**Fuula.137**

Hattuun nama qabeenya namaa kan isaa godhachuuf karaa seera malee hojjetuudha. Hattummaan hojii balaaleffatamaadha. Amala namni tokko dhuunfaatti qabaatuudha. Amala kana namni qabu namni biraanis akkanuma akka ta'ette yaada.

Haaluma kanaan kan walfakkaatu, mammaaksa olii kana keessatti, haati amala hattummaa ofii isheef waan qabduuf ilmoon ishees akkuma isheetti akka hattutti waan yaadduuf, ishee hin amantu. Kun ammo amala dubartoonni qaban kan mul'isuudha. Gama biraan dubartoonni amala ofii qabaniin nama biraa illee shakkuu isaanii kan agarsiisuudha.

- **Haati waan baratte, intalli waan argatte.**

**Fuula.138**

Mammaaksi ku kan aagarsiisu haatiifi intalli barnoota waliorraa baruu isaaniiagarsiisa. Akka yaada mammaaksichaatti haati waan qabdu intalli immoo irraa baruu ishee kan ibsu yoota’u kun immoo amala walii wal barsiisuu kan mul’isuudha.

Kanaafuu dubartoonni aadaa Oromoo yookaan hawaasa mammaaksi kun biratti beekamu birattai amala dubartootaa ibsuu yoo barbaada dubbii dheeraa dubbachuu irra gabaasanii miidhaginaan ergaan isaanii fudhatamummaa akka qabaatu yoo barbaadan mammaaksa kanatti dhimmabahu jechuudha.

**Haati guuteef haati duute walin caalan.**

**Fuula.137**

Mammaaksa kaa karaa lamaan nilaaluu dandeenya tokkoffaa haati guute yeroo jedhu kan yeroo daa’ima harma hoosiftu,yeroon daa’ima harma hoosisuu dhumu kun annaan harmaa haati mucaa ishee hoosiftu yeroo dhumu kan agarsiisu yoota’u, inni lammaffaan immoo, harka qal’achuudha. Harka qal’achuun waan yaadan harkaa dhauun utuu namaaf yookaan qaama tokkoof gargaarsa kennuu barbaadanii garuu dhabni daanmgaa ta’u kan agarsiisuudha.

Akka yaada mammaaksa kanaatti haadha duute irraa waa argachuun hin danda’amu. Haata’u maee kan yeroo du’u waa irraa argachuun hin malle haadha qofa utuu hintaanee nama hunda ta’a. mammaaksa kana keessatti garuu xiyyeeffannoon dursee kan kaase waa’ee dhimma haadhaati. Kun immoo waamalee miti. Sababni isaa guddaan arjummaa isaan ittiin beekaman irraa kan ka’eedha. Kanaafuu haai dubartii waan taateef dubartoonni hawaasa Oromoo keessatti arjummaaqabaachuun akka beekaman kan nu hubachiisuudha.

- H**aati Ormaa nyaadhuu malee kaadhuu hin beektu**

**Fuula 138**

Haadha ormaa jechuun kan dhala ishee hintaaneef yeroo ittiin waamamtuudha. Kun yeroo baay’ee kan mul’atu yeroo ijoolleewwan haati irraa du’uuniis ta’e sababa garagaraan haadha dhabanii haadha ormaatti galan kan jedhamuudha. Akka yaada mammaaksa kanaattti dubartoonni dhala isaanii ni jaallatu. Kan ofii isaanii yoo hintaane garuu nyaadhuu caalaa kaadhu ittiin jedhu. Kun immoo daa’ima sanaaf maratee dhabuu agarsiisa.

Kanarraa ka'uun amala dubartootaa kan jechuu dandeenyu kan dakla ormaafi isaanii haalli isaan itti ilaalaniif waanti isaan gochuufii malan garaagarummaa qabaachuu isaati.

- **Gorsummaan bara dhufe mooyyee qoraafti, waggaatti ganda qoraafti.**

**Fuula.135**

Kun mammaaksa Oromoo keessa kan jiruudha. Mammaaksa kana keessatti gorsummaan kan eerumtee galte jechuudha. Akka mammaksa kanaatti gorsummaan heerumtee galte tokko bara jalqabaaf abbaa manaa lammaffaa argattee qe'ee isaa dhaqxu wan gaariifi namatti tolu hojjetti garuu yeroo muiraasa booddee faallaa amala duraa sana agarsiisuu isheeti. Akkuma yaada mammaaksichaattuu waanti hubatamu jalqaba gaafa dhufu mooyyee qoraasuun ishee hojii garii tilmaamama hawaasaan ol hojjechuudha. Kun ammoo jaallatamummaafikabaja hawaasa irraa argachuuf mala dhayiidha. Garuu waggaa booda aala kan jijjiirrachuun ganda walitti qoraafti kan jedhu amala badaa yookaan yaraa isheen agarsiistuudha. Gandi namoota ollaa tokko walitti dhiyaatanii waliin jiraataniidha. Namoonni ollaa tokko waliin jiraatan kunniin amala yoo walitti kan badan ta'e gaarii miti. Yeroo gaddaafi gammachuu waliin jiruufi jireenya isaanii waa geggeeffataniif amala gaarii walirraa barbaadu. Haata'u malee gorsummana kun isaan kanniin walitti naquu ishee kan agarsiisuudha. Walumaa galatti mammaaksa olii kana ieeaa waanti hubatamuu maluu, dubartoonni amala duraanii jijjiirachuun kan biraa mhorachaa akka deeman kan agarsiisuudha.

- **Haadhuma toltus gayyaan gaayyaadhuma.**

**Fuula. 136**

Gayyaa kan jedhan kun godinaalee Oromiyaatii gara godinaalee birootti garegara ta'uu danda'a. akka Oromoo maccaatti gayyaa jechuun dhiirri dubartoota lama yoofudhe.Ijoolleen dubartoota kanaa kanneen isaan hinda'iniin gayyaa jedhu. Gama biraan haadhamanaa abbaa ofii kan haadha deesse hintaane jechuudha.

Akka yaada mammaaksa kanaatti toltus kan fiixaan ba'umsa qabu miti. Gayyaan gaayyaadhuma jechuun immoo, inuma hammaatti amalli ishee hangas kana waan namaa toltee akka haadha deessee taatu miti jechuudha. Mammaaksa kanarraa waanti hubannu, hammeenya dubartoonni dhala isaanii kan hintaaneef qaban gaarii akkan taane kan ibsu ta'uu isaati.

- **Hati harma guuti malee, harka hin guutu**

**Fuula.137**

Harmi kan daa'ima umurii dhlattummaa ishee irraa hanga isheen midhaan nyaachuuf geessutti haati deesse daa'ima ishee hoosiftuudha. Haati harma niiguuti. Kun turtii yerootiin waan ta'uudha. Kaafuu haati harma gu'uu ni dandeessi.

Harka hin guutu kan jedhu kun immoo waan namaaf laattu hin dhabdu, kan nama nyaachiftu of harkaa qabdi jechuudha. Kun kan agarsiisu arjummaa dubartoonni hawaasa keessatti qaban kan haawaasni ittiin isaan beeku amala gaariifi namaaf arjoomuu qabaachuu isaaniiti.

- **Haati kee duute jennaan "waaqatu abaarsa jalaa nabaase" jedhe namichi.**

**Fuula.138**

Mammaaksa kana keessatti namni haati isaa duute tokko yeroo haati kee duute jedhanii itti himan namichi du'a haadha isaa kana kan gadde utuu hintaane abaarsa ishee jalaa ooluuf kan jedheedha. Akka yaada mammaaksa kana irraa hubachuun danda'amuutti, dubartoonni yeroo kamiinb akka nama abaaran amala baratatamaa hawaasa keessa jiruun yeroo dulloomanii du'a eeggatanii waanti hunduu toluufii didu buusanii baasanii yaada coru, wan baduuf tolu bor yaadanii tilmaamanii gargaar baasuu dadhabuun dhala isaanii akkasumas namoota biraa illee abaaruu danda'u. kanaaf namichi kunis kanuma qabata godhachuudhaan abaarsa jalaa ooluu isaa kan gammade ta'uu danda'a. kun immoo nuffii nyaada agarsiisu illee kan ofkeessaa qabuudha.

Walumaa galatti mammaaksa olii kana irraa waanti hubachuun danmda'amu. Dubartoonni yeroo umurin isaanii deemuun akka du'an timaamamu nama waan abaaraniif dhalli isaanii amala isaanii jibbuun kan of eeggatan ta'uu isaa kan nama hubachiisuudha.

**Haadha ilaalanii intala fuudhu.**

**Fuula.136**

Haala adeemsa fuudhaafi eerumaa keessaa tooko haadha ilaalanii intala fuudhuudha. Haati kuni kan ilaalamtu karaa addaa addaani. Karaaleen kunis;naamusa, kabaja isheen namaaf qabdu, dandeeettiifi cimina haadhaati.

Akka yaada mammaksa kanaatti intalli haadha jalaa waan isheen beektuufi fakkaattu baraa waan deemtuuf namni intala fuudhuu barbaade amala haati qabdu ilaaluu akka qabu kan agarsiisuudha. Kun ammoo, dubartoonni amala gaarii ofiio qabanis ta'e badaa qaban ilmoo isaanii barsiisuu akka danda'an kan agarsiisuudha.

- **Durbi ija laaftu obboleessa irraa ulfoofti.**

**Fuula. 16**

Mammaaksi ku kan agarsiisu ija laafummaan dubartootaaf gaarii akka hintaaneef yoo kan ija laafan ta'e immoo waan ta'uu hin malle akka ta'an irraa kan baramuudha.

Kana jechuun immoo hawaasa Oromoo biratti dubartoonni ija hinjabaatan keessumattuu waan abbaan manaa jedhe diduun gaariis ta'e badaa waan yaadamu hinturre. Haata'u malee amala badaa akkasii qabaachuun isaanii waan qaaniif hin malleef kan isaan saaxilu ta'uu isaa mammaaksi kun ni hubachisa. Haaluma kanaan mammaaksa fudhatame kana irraa kan hbachuun danda'amu, amala ija laafummaa dubartoonni hawaasa keessatti qabaniidha.

### 3.3 Mammaaksa Cimina Dubartootaa Agarsiisan

Maammaaksi qabiyyeewwan hedduu ofkeessaa qaba. Hawaasa Oromoo keessatti wantoota baay'ee ibsuudhaaf itti tajaajilamu.Isaan keessaa tokko cimina dubartootaa ibsuuf kan itti tajaajilamaniidha. Mammaaksi dhimma cimina dubartootaa ibsan kanniin kitaaba" mammaaksa Gunbii Mammaaksaa"keessatti ni argamu. Isaan kunniin kanneen kanaa gaditti qaacceffamaniidha.

**Ammanumaaf Nabelessa Jette Jaartiin Beddeen Gabatee Tokko Tixxee**

**fuula.141**

Mammaaksi olii kun kan agarsiisu  dubartoonni yeroo nyaataaf amala beelaaf qaban irratti kan isaan ta'an kan mu'suudha, Akka mammaaksa kanaatti jaartiin  baay'ee beeloftee biddeen gabatee tokko dhiyeessitee eregaa fixxeen booda duuba deebitee yeroo beela'aa turte kan beela keessatti hinquufu jettee yaadde, tilmaama xiqqoo kennuufii kan agarsiisuudha. kana keessatti dubartoonni cimina isaanii kan mul'isu nyaata gabatee tokko fixuu isaaniiti.

**Haatis Marquu Hintolchine;intallis Liqumsuu Hin Tolchine**

**fuula.139**

Marqaan gosa nyaataa Oromoo keessaa kan baay'ee beekamaadha. Marqaan kan tolfamu jiloota addaa addaafi yeroo ayyaanota beekamoon jiran kan qopheeffamuudha. Mammaaksa kana keessatti haati marqaa tolchuu ishee gaarii hinturre.

Dabalataan immoo intalli marqaa liqimsite. kuns gaarii miti. kun kan mammaakamuuf marqaatolchuun badaa ta'ee yookaan intallis liqimsuu gochaa badaa utuu hintaane, maaliif akka qophaa'eefi yoom akka qophaa'etu yaada kanaaf sababa ta'a. Fakkeenyaaf dubartoonni abbaan manaa isaanii yoo qe'ee kan hinjirre ta'e nyaata nyaachuun hin hafu. Garuu marqaa tolchanii nyaachuun aadaa hawaasichaa keessatti akka safuutti ilaalama. Haaluma kanaan mammaaksi kunis kanaaf kanneen biroon waan walqabataniif jedhamuu mala.

**Haftu Hafti Malee Jaartii Afaan Hindhungatan**

**fuula139**

Haftu haftu kan jedhu kun waanti fedhe yoota'e iyyuu yookaan waanti hammaataan jiraatuyyuu jaartii afaan hin dhugatan kan jedhuudha.Kun ammoo karaa lamaan ilaalamuu danda'a. Tokkoffaan safuu hawaasaati. Safuun kun jaartii dhungachuun safuudha. Waan oodaati. Waan seedaati. kanaaf kan ta'e yoo ta'e iyyuu jaartii dhungachuun safuudha.Safuun immoo hin cabu;hindabu.

Karaa lammaffaan aadaa beeekamaa hawaasa keessa jiruun dhungoon kan qarreefi qeerrooti. kanaaf jaartii irraa waan eegamu waan hintaaneef mammaakamu mala. Haaluma kanaan Mammaaksi kun kan agarsiisu amala dubartoonni hawaasa Oromoo keessatti ittiin beekamaniidha.

**Haati Ishee Deesse Isheen Kan biraa Deesse**

**fuula 138**

Maammaksi kun kan mammaakamuuf hariiroo haadhaafi intala gidduu jiru ibsuudhaaf. Akka mammaaksa kanaatti waanti hubatamu dhimma da'uu ishee kan mammaakamu osoo hintaanee, haati amala ishee kan dhuunfatte, kan fakkaatte ergaa ishee deessee kan intalli ishee deesse ammaa haadha faakkaachuu ilmoo dhalatteee kan mul'isuudha.Kun immoo kan hubachiisu amala dubartoonni hawaasa keessatti wal irraa dhaalan agarsiisuuf kan mammaakamuudha.

**Haati Mana Harti Intalli Buna Qalti**

**fuula.138**

Mammaaksa kana kleessatti wantoota lama guguddaatu argama. Isaanis mana haruufi buna qaluudha. Mana haruun kan mana ofii qulqulleeessaniidha. Yeroo baay'ee mana kan nqulqulleessu ijoollee dubaraati.Utuu intalli jirtuu haati amana haruun amala badaadha. Hawaasa Oromoo keessatti hinjaallatamu. Buna ammoo kan qalu nama umuriin raage malee ijoollee ta'uu hinqabu.

Akka mammaaklsa kanaatti garuu waan faallaatu mul'ata.Kunis haati kan silaa buna qaluu qabdu mana harti. Intalli immoo kan mana haruu qabdu buna qalti. Kun akan agarsiisu aadaa cabsuun waan safuu raawwachuu isaanii akkasumas haatiifi intalli waliigaltee gaarii akka waliin hin qabne kan agarsiisuudha. Kana irraa ka'uun yeroo hunda jkedhamuu yoo baate dubartoonni walii galtee hawaasa keesstti barame cabsuu akka danda'an kan barsiiisuudha.

**Biddeenni ittoo hinqabneefi manni dubartiin kessa hin jirre tokko**

**Fuula.24**

Mammaaksa kana keessatti buddeena ittoo hinqabneefi mana dubartiin keessa hinjirre walbira qabee ibsee jira. Egaan budeenni ittoo hinqabne nyaatanillee kan garaatti nama hinbuune hanga fedhan illee utuu nyaatan kan nama hin quubsineedha. Faallaa isaatiin immoo buddeenni ittoo qabu yoo nyaatan beela nama baasa. Manni dubartiin keessa hinjirre garuu akkuma buddeen ittoo maleeti. Kana jechuun manni sun hin hoo'u; hin tolu;hin bareedus;akkasumas utuu dhiirri keessa jiruu onaa fakkaata. Mammaksi kunis isuma kana mirakaneessuuf kan mammaakamuudha.

**Harki ofii haadha ofiiti**

**Fuula.137**

Mammaaksi kun haadhaa ofiifii harka ofii walbira qabee ibsee jira. Harki ofii harkuma ofiiti. Waan argate kan abbaadhaf laatuudha.Harki namaa biraa garuu of dursee harka namabiraatiif hin kennu. Keessattuu yeroo rakkoon hundumtuu waan argate garuma mataa ofiitti qabata malee nama biraatti dabarsee hin laatu. Haati ofii garuu akkas miti. Yoo haati waan argatte qabattee gara ilmoo isheetti kaatti malee ofii kootiif hin jettu. Haati ergaa ijoollee ishee quubsitee booda of yaadatti. Dursa ijoollee ishee quubsiti. Yoo haati qabaatte, ijoolleenis ni argatti. Kanaaf harki ofii haadha ofiiti kan jedhameef. Mammaaksa olii kanarraas isuma kana hubanna.

**Dubartiin bara rakkoo nama baasti**

**Fuula.36**

Dubartiin dhiira caalaa maatii isheen horte keessatti akkasumas maatii ishee dhalfatteef baay'ee barbaachiftuudha. Keessattuu, yeroo barri hammaate abbaan ijoollee isaa gatee baqachuu danda'a. Haati garuu akkuma taate taatee baala cuunfitee illee ta'u ijoollee ishee barasana baasti. Kana malees haatiifi abbaan ishee yoo rakkatan illee ilma dhiiraa caalaa yoo abbaan manaa ishee heyyamaamaa ta'uu bate illee dhoksitee warra ishee gargaaruun bara rakkoo baasti. Warrri dubartii yeroo baay'ee henna rakkatan intala isaaniitti dagalfatanii rakkoo isaanii dabarfatu. Kunis cimina isheen qabduufi maatiifi warra isheetiif hagam akka barbaachiftu ibsa.

**Dubartiifi lafatu nama keessa**

**Fuula.78**

Mammaaksa kana keessatti dubartiifi lafti walfakkeeffamaniiru. Akkuma beekamu utuu lafti jiraachuu baatee namnis hin jraatu. Yookiin hin uumamu ture. Sababni isaatis lafti waan isheedhaaf kennan deebistee namaaf kenniti. Lafa irratti facaafatanii waa argatu. Namni yoo jabaatee hjjete baruma tokkoon lafaan iyyummaa keessaa bahuu danda'a. Kanaafuu jireenya dhala namaa keessatti lafti barbaachisaasha. Gama biraatiin dubartiin yoo ilalle, akkuma lafti waan biqilchite namaaf kennitu isheenis sanyiin namaa akka hin badne taasisti. Dabalaataanis ijoolleen dhalatan sunis hojjjetanii warra isaanii hiyyummaa keessaa baassuu danda'u. Isuma kana cimsuuf, mammaaksi Oromootiis ''ijooolleedhaan namaa dabarti'' jedha. Kallattii biraatiin mammaaksa kana yoo ilaalle, dubartiin nama cabaa yookiin huqqataa garmalee miidhames soorteefii nyaachistee nama fakkeessiti yookiin lafaa kaasti ergaa jedhus dabarsa.

**Dubartii si'eettiin dabeessa goota taasisti**

**Fuula.78**

Akkauma beekamu hawaasni Oromoo nama hojiidhaaf kaka'usa qabu jaallata malee, dabeessa hinjaallatu. Dabeessi hojii dhaaf kaka'umsa hinqabu. Akkausumas ni rincica. Dabeessii bifa isaa qofa miidhagsee mul'achuu baarbaaada. Namni akkasii immoo hawaasa keessatti fudhatama hinqabu. Nam kana sirreessuf hojiitti galchuuf dubartiin beekumsaaf siaayina qabdutu barbaachsa. Dubartii si'eettiin yoo bira jiraatte, hojii inni hojjechuuf harkifatu kana hojjechuun dura deemtee malaafi beekumsa isheetiin itti mul'isti. Innis onnee argachuudhaan hojiitti galuu danda'a. Dubartiin hojiidhaaf kutattuu waan taateef, dabeessa

hojiidhaaf kakaasti. Ni gorsiti, nijajjabeessiti, ni gootomsiti. Mammaaksi kunis kanuma agarsiisuudhaaf mammaakame.

### 4.4 Mammaaksa Jaalala Dubartootaa Mul'isan

Maammaaksonni jaalala dubartoo mul'isuu danda'u.Kunis karaalee garaa garaatiin ta'uu danda'a.Fakkeenyaaf, jaalala namoonni isaaniif bqaban, jaalala isdaan namaaf qabaniif kkanneen isaan waan biroof qaban irraa baramuu danda'a. Mammaaksonni jaalala dubartooootaa kana agarsiisan kitaaba kana keessatti baay'inaan kan argamuudha.

**Haati Mucaa Huqqattuu Naqa Laman Dhungattu.**

**Fuula. 138**

Mammaaksi kun jalaala dubartoonni mucaa isaaniitiif qaban kan agarsiisuudha. Dubartoonni mucaaisaanii dhungachuu akka jaallataniif haati mucaa huqqattuu immoo naqala hin dhungattuu kan jedhan kunniin jaalala haati mucaa ishee qabdu kan ibsuudha.

Mammaaksi ku kan agarsiisu dubartoonni hangam dhala isaanii kan jaallatan mull'suudha**.**

**Haatiifi Gabaan Waan Namaa Kennitu Hindhaban.**

**Fuula.138**

Mammaaksa kana keessatti wantoota lama arguu dandeenya. Isaanis gabaafi haadha. Akka mammaaksa kanaatti gabaafi haati amaala walfakaata jaalala namaaf gmaacha godhan irratti walfakkaatu.Haati akka hawaasa Oromoo keessatti beekamtuun hundumtuu yoodhabe hati kan nbamaaf laattu hin dhabdu. Kanumaan kan walfakkaatu namni yoo nama biraaergifachuuf yookaan bituuf dhabe gabaa baha. Gabaadhaa waan yaada isaa bitatee dhimma itti baha. Kanaafuu gabaa dhaqanii waa dhabuun hin dhaban.

**Daa'imni haati jalaa duutes; kan bishaan jalaa buute qixuma boo'a**

**Fuula.17**

Ijoolleen haadhaaf jaalala guddaa qabu. Kanarraa kan ka'e yeroodhumaafuu of biraa dhabuu hin barbaadan .yoo haadha isaanii of biraa dhaban waan jalaa baddu yookaan jalaa duutu itti fakkaata. Kanumarraan kan ka'e kan haati bishaan buute, qixuma haati jalaa duute boo'a jedhame. Mammaaksa kanarraa kan hubannu, haati jaalala guddaa ijoollee isheetiif qabdu irraan kan ka'e ijoolleenis jaalala haadha isaanii waan itti obsan akka hinqabne mul'isa**.**

**Abbaa dureessa irra; haadha hiyyeettii wayya.**

**Fuula.7**

Lafa kana irratti ijoolleedhaaf kan haadha gitu hinjiru. Haati homaanuu bakka hin buutu. Qabeenyaanis hin madaalamtu. Mammaaksi kunis qabeenya qabaachuu irra; haadha qabaachuu ibsa. Fakkeenyaaf ijoolleen haati isaanii irraa duute abbaan garuu qabeenya qabaatee lubbuudhaan irra jiraate ijoolleen sun waan haadha hin qabneef gammachuudhaan hinjiraatan.ijoolleen sun yoo nyaatan , yoodhugan, yoo uffataniif yoo waanti hundinuu isaaniif guute illee jaalala haadaa argachuu waan hin dandeenyeef gammachuudhaan hinjiraatan. Tarii abbaan haadha buddeenaa illee itti fidee ijoollee sana daraan rakkisuu danda'a. Haati ofii garuu qabeenyaa illee yoo qabaachuu baatte ciminuma isheetiin hojii garaa garaa hojjechuun ijoollee ishee guddisti. Ijoolleen isheetis jaalala haadhaa waan qabaniif gammachuudhaan waliinjiraatu. Kanaaf mammaaksa kana irraa haati qabeenyaan illee kan bakka hinbuune ta'uu hubanna.

**Haadhaafi adurree hin dhaanan**

**Fuula.136**

Mammaaksa kana keessatti haadhaafi adurrree walbiraa walbira qabuun ibsee jira. Akkuma beekamu beelada manaa keessaa adurreen ishee tokko yootaatu, uummata biratti kan kabajaafi kunuunsa gaarii qabduudha. Adurreen boosatti miti. Qulqillina ishee waan eeggattuuf nama waliin manuma keessa jiraatti.haaluma kanaan haati keessattuu ijoollee isheetiin kabajaafi jaalalaguddaa waan qabduuf ilmoo isheetiin hin rukutamtu;safuudha. Haati yoo qabaattes;yoodhabdes; waanuma fete illee otuu taatee kabaja qabdi. Kanaafuu dubartiin hawaasa keessatti kabaja qabaachuu ishee haala kanaan ibsee jira.

**Haati ofii dullattii hinqabdu**.

**Fuula.136**

Haati dhala isheetiif yeroo kamiinuu haala kamuu keesstti haadhuma. Ilmoon isheetis guddaas ta'e xiqqaa sadarkaa kmiyyuu keessa yoo jiraate ishee dhaaf ilmoodha. Hariiroon haadhaafi ilmoo gidduu jiru kan umuriidhaan daanga'u miti. Haati dulloomtullee, osoo manatti haftee jaalalti isheetiif ilmoo ishee gidduu jiru addaan hincitu. Egaa mammaaksa kanarraa waanti hubannu;haati ilmoo isheetiif baay'ee kan barbaachiftuuf jaalalli haadhaafi ilmoo umuriin illee kan hin daangessine ta'uu isaati.

**Haati daalattii hinqabdu.**

**Fuula.137**

Haati daalattii hinqabdu yoojennu, kan qabeenya hinqabne jechuu isaati. Haati qabeenya qabaachuu yoo baatte illee ijoollee ishee akkuma taate taatee, niguddisti;nijraachisti ijoolleen haadha dhabanii garuu abbaan isaanii kan qabeenya qabu irra ijoollee haadha qabaatanii harka qal'eettii taatee kan lubbuudhaan irra jiraattetu gammachuudhaan jiraata. Mammaaksi kun haati yoo homaa illee qabaachuu baatte illee yookaan qabeenya yoo dhabdes ijoollee isheetiif lubbuudhaan jiraachuun ishee qofti gahaa akka ta'e hubachiisa. Kanumaan kan walfakkaatu mammaaksi Oromoo ''haati dhabduu hinqabdu'' jedhu illee yaada mammaaksa olii kana kan deggeruudha.

**Dhiira yaadaan cinqamu, dubartiin abshaalummaan furti**

**Fuula.19**

Dhiirrii jireenya isaa keessatti rakkoon garagaraa yemmuu isa qunnamu, rakkoo sanaa malaan furuu irraa yeroo baayeen humna deemuun rakkoo biraa keessaa ennaa galuu mul'ata. Yookiin rakkoo sana qabatee ennaa waliin cinqamu mul‟ata. Yeroo rakkoo harka maratee taa'a; itti bitaacha‟a. Dubartiin garuu rakkoo ofii ishiitii mudate furuu irra dabartee dhiira mala dhabee yaadaan cinqamaa jiru kana illee haala salphaa ta‟een rakkoo isa mudate sana akka hiikkatu taasisti. Mammaaksi kunis isuma kana nuuf ibsa. Gama biraatiin dubartiin jireenya keessatti rakkoo uumamu furuuf hangam barbaachisaa akka taate nubarsiisa.

**Dubartiin mana qabdu mala hin wallaaltu**

**Fuula.19**

Dubartii mana qabdu jechuun kan maatii fi man isheen bulchitu jechuudha. Kana keessatti dubartiin mana qabdu jireenyi ishee gaariis ta'e yeraa, qabeenyi yoo jiraatees, yoo jiraachuu baates, abbaan manaatis gaarii ta'e badaa, maatii fi mana isheetiif jecha mala uumuun mana ishee bulchiti. Akkasumas maatii ishee guddisti. Rakkoo sana keessatti malaan jiraachuu ishee mammaaksa kana irraa hubanna.

**Malaa fi fala dubartii gaafaduu**

**Fuula.134**

Mammaaksi kun bakka rakkoon uumame hundatti rakko sana furuuf malli barbaachisaa akka ta’eefi rakkoo sanaaf immoo kan fala kennittu dubartii ta’uu ishee ibsa. Kanaaf mammaaksa kanarraa dubartiin rakkoo hawaasa keessatti uumamu tokko furuuf shoora gudda akka taphaatu hubanna. Mammaaksa kana keessatti dubartiin dhiira caalaa rakkoo hawaasa keessatti uumameef tooftaadhaan akka furuu dandeessu nuhubachiisa. Rakkoo mana ishee furuu bira dabartee kan nama biraallee furuu dandeessi.

BOQONNAA AFUR: CUUNFAA ,ARAGANNOOFI YABOO

## 4.1 CUUNFAA

Qorannoon kun ergaa mammaaksa dhimmoota dubartootaa ibsan kitaaba "Gumbii Mammaaksaa" jedhamu keessatti argaman xiinxaluudha.Mammaaksi hawaasa Oromoo keessatti dhimmoota garaagaraaf mammaakama. Dhimmoota mammaakamuuf keessaa tokko waa'ee dubartootaa ibsuudha. Mammaaksi dhimma dubartootaa karaaleee garaagaraan ibsuu nidanda'a. Haaluma kanaan qorattuunis kaayyoon ishee qorattuu kana geggeessiteef mammaaksa ndhimmoota dubarttootaa Gumbii Mammaaksaa keessatti argaman xiinxlaltee kaayyoo qorannoo ishee milkeessuuf mala qorannoo akkamtaatti dhimma bahuun maammaksota baastee kan xiinxalteedha.Qorannoo kana keessatti mammaaksonni dhimma dubartootaa ibsan mata duree garaa garaa kanneen akka; mammaaksa gadaantummaa dubartootaa mul'isan, mammaaksota,cimina dubartootaa mulisan, mammaaksota amala dubartootaa mul'isan kanneen jedhaman maammaaksota hedduun matadureewwan kana jalatti guuramuun tokkoon tokkoon mammaaksotaa ergaan isaanii kan qaacceffamaniidha.

## 4.2 Argannoo

Qorattuun qorannoo kana ergaa xumurteen booda gaaffilee bu'uuraa nqoprannichaa deebisuun akkasumas milkaa'ina kaayyoo qabattee galmaan ga'uuf kan ishee dandeessisu aragannoo irra geesseetti. Argannoowwan qorannaa kana keessatti argaaman;

- Mammaaksonni dhimma dubartootaa ibsan kitaaba "Gumbii Mammaaksaa" jedhaman keessatti argaman baay'inaan kan argaman ta'uun isaanii barameera.
- Oromoon dhimma dubartootaa ibsuuf mammaaksatti kan dhimma bahuun isaa bira ga'ameera.
- Maaksi dhimm dubartootaa ibasan kanneen akka:tuffii dubartootaa ibsan, cimina dubartootaa ibsaniifi amala dubartootaa ibsan kiaaba "Gumbii Mammaaksaa"keessatti akka argaman qorannichaan bira ga'ameera.

## 4.3 Yaboo

Mammaaksi hawaasa Oromoo biratti bu’aa guddaa kan qabuudha. Waantota garaagaraaf kan dhimma itti bahaniidha.yaaduma kana bu’uura godhachuun;

- Mammaaksonni cimina dubartootaa ibsan akka dubartoonni hawaasicha keessatti olaan tummaa qabaatan waan taasisuuf dubartoonni ergaa mammaaksota kanaa hubachuun of utubuuf dhimma bahuun amaleeffatamee gaariidha.

- Mammaaksonni hawaasa Oromoo keessa jiran baay'een isaanii sababoota garaagaraaf dhalootatti utuu hin c'ein hafaa waan jiraniif utuu bifa barreeffamaan olkaa'amanii dhaloota itti aanu qaqqabanii gaariidha.
- Mammaaks onni dhimmoota garaa garaa ibsan godinaalee Oromiyaa bakkeewwan addaa addaa keessa jiran yaada uummatichaa kan ibsaniif aadaa isaan waan hidhta qabaniif yeroo addaa addaatti qorannoon irratti akka taasifamuun utuu ta'ee guddinaaf dagaagina afaanichaaf gumaachi inni godhu olaanaadha.

## Wabii


Abraham Alemu. ( 2002 ). "Jimma Oromoo Oral Narratives": Apreliminary Discriptive Analysis MA thesis Addis Ababa University.

Addunyaa Barkeessa .( 2014 ). Bu’uura Barnoota Afaanii fi Afoola Oromoo. Oromiyaa Finfinnee : Far East Trading PLC.

Ben Amas .( 1975). Folklore in Africa Society in research literature. 6(2) PP.165-198.

________ .(1979) .Toward adefinition of folklore in context (Reading American Folklore). South Asian Publishers Ltd. New Dechi.

Dasta D.(2002). Bu’uura qorannoo : Yuuniversitii Finfinnee. Far East Trading PLC Derson, Rechard M.(1972). Folklore and folklife: an Introduction Chicage University press,Chicago.

Dundes, Alan. (1979). ”Meta Folklore and Oral literary Ctiticism.” Beadings in American Falklores. Finnegan, Ruth. (1970) .Oral literature in Africa. Nirab Oxford University press.

____________.(1976). Oral literature in Africa.Oxford University Press. Encycolopidia America .(1995). vol ll. USA, Glolier Incroporated.

Gaaddisaa Birruu .( 1991 ). Maalummaa Mammaaksa Barruulee jildi 4ffaa Biroo Aadaa fi Beeksisa oromiyaa Finfinnee.

Hinseenee Makuriyaa.( 2005).Gumbii mammaaksaa. Addis Ababaa printed by Far East plc.

Malkaamuu Margoo.(2007). " Dubartoota Mammaaksa Oromoo Keessatti: Qaaccessa Qabiyyee" MA thesis Addis Ababa University.

Meider,Walfgong.(1997) .The politics of proverbs from traditional wisdam to proverb steres types ,the university misconsia press.

Okumba. ( 1994). "Understanding and teaching proverbs" Understanding oral litersture .Nirobi Universty press. Oring ,E .(1984). Folk Grounds and falklore Generes,An Introduction longman utah sate university .

Sahilu Kidaane .( 1996)." Borana Oromo prose Narratives. A contxetual study" . MA thesis A.A Univerity.

Tadesse Jaleta.(2004). Social Function of Oromo Proverbs In OromoOral Poetry. Germany. Tafarii

## Waraqaa Mirkaneeffannaa

Ani qorattuun maqaafi mallttoon koo armaan gaditti eerame kun waraqaan qorannoo kun hojiikoo ta'uu isaa ibsaa, hojiin kun kanaan dura yuunivarsitii kamiyyuu keessatti kan hin dhiyaanne ta'uu isaafi yaadawwan qorannoo kanaa dubbisee hunda isaanii wabii keessa kaa'uu koo mallattoo kootiinan mirkaneessa**.**

**Maqaa Qorattuu:--------------------------------------------------------------**

Mallattoo-----------------------------------

Guyyaa--------------------------------------

**Maqaa Gorsaa----------------------------------------------------------------**

Mallattoo------------------------------------

Guyyaa---------------------------------------